

Yeroo kam qoratamuu qabna? Tuttuqqaa dhihoo

TIRAANISKIRIIPTII

[Muuziqaa bohaarsaa]

[Seenessa]

COVID-19f yoom qoratamuu qabdu?

Jimaata galgala sagantaa irbaataa fi taphootaaf deemte jiraannaan. Hiriyyaa COVID-19 qabu garuu ammayyuu of irratti hin barre bira teesse. Gaafa Dilbataa waaree booda hiriyyaan kee sun COVID-19 n poozetiivii ta'uu isaa yoo barte.

Nama COVID-19n qabame waliin tuttuqqaa dhihoo yoo qabaatee guyyoota shan guutuu booda qoratami. Haala kana keessatti, tuttuqqaa dhihoo kan ati qabaatte Jimmeta galgala, kanaafuu gaafa Kmaisaa qoratamuu qabda.

Nama COVID-19 qabu waliin tuttuqqaa dhihoo yoo qabaatte,yeroo namoota biroo bira turtu yeroo hangamiif maaskiuffachuu akka qabdu odeeffannoo dabalataa argachuuf wiirtuu marsaaratii MDH Tuttuqqaa Dhihoo ykn COVID-19f saaxilamuu jedhu karaa:

<https://www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/close.html> ilaali.

Yoo miirri dhukkubbii sitti dhagahame, hatattamaan qoratami.

Yeroowwan biroo itti qoratamuu qabdu ilaalchisee akkasumas bakka qorannoon wal qabatee hubannoo dabalataa argachuuf, marsaaratii qorannoo MDH COVID-19:

<https://www.health.state.mn.us/diseases/coronavirus/testsites/index.html> ilaalaa.

[Muuziqaa bohaarsaa]

Minnesota Department of Health
Communications Office
PO Box 64975
St. Paul, MN 55164-0975
651-201-4989
health.communications@state.mn.us
www.health.state.mn.us

12/9/22 (Oromo)

Odeeffannoo kana boca ykn bifa biroon argachuuf, bilbili: 651-201-4989